ADDA BILISUMMAA OROMOO

OROMO LIBERATION FRONT جبهة تحرير اورومو

Date: 15/04/2006 تاريخ No: 004/ABO/06 رقم

Guyyaan Yaadannoo Gootota Oromoo Bara Baraan Haa Jiraatu

Guyyaan yaadannoo gootota Oromoo waggaa waggaan erga yaadatamuu eegalee kun ganna digdamii lammaffaa dha. Akkuma beekamu hoggana dhaaba keenya Adda Bilisummaa Oromoo (ABO) keessaa hangafaa fi kan bakka hinbuufamnee waggaa digdamii shan har'aa Caamsaa 15, 1980 bilisummaa Oromiyaaf jecha wareegama maayyii qabsoo kenyaaf gumaatani kan darban qofa osoo hin taane, har'aas guutummaa Oromiyaa keessatti bilisummaaf jechaa wareegama lubbuu warra kafalaa jiran mara yaadachuuf.

Bara kana guyyaa gootota Oromoo kan kabajnu haala qabsoon bilisummaa Oromoo shira ayyaanalaallatoonni fi nyaaphi qabsoo keenyaa kan alaa fi keessaa fashalsiisuun gara fuulduraatti tarkaanfachaa jiru keessatti waan ta'eef, guyyaan kun haala addaatti kan ilaalamu ta'ee argama. Nuti warrii daandii gootoonni obboroo dhiigaan taraarani shakkii tokko malee hordofaa jirru, kan isaan yaadannu hamilee sabboonummaa cimaan akka ta'e ibsina.

Gootota kaleessaa yaadataa, warra ammaan kana bilisummaaf jecha diinaan kokkee walqabaa jiran miseensota Waraana Bilisummaa Oromoo (WBO) fi qabsaawota Oromoo kan magaalaa fi baadiyaa, bartootaa fi dargaggoo Oromoo mara; maqaa dhaaba keenya ABOn ashamaa jenna. Guca jaallan ganamaa dhiigaan qabsiisan gara fuulduraatti tarkaanfachiisaa kan jirtan martinuu, qabsoon keenya Oromiyaa walaba taate argamsiisuuf akka ta'ee hubatuun akka waraaqxan irra deebinee isin yaadachiifna.

Yaa ummata Oromoo, murni fottoqee Asmaraa qubate kan alagaan dhuunfatame, faayidaa alagaaf dalagaa jiru, qabsoo kee awwaaluuf marxifatee sosso'uu erga jalqabe bubbule. Murni kun mul'inatti Oromoon bilisummaa isa hin feesisu, Itoophiyaa dimokraatessuuf warraaquu qaba jedha. Gama kaaniin ammoo maqaa dhaaba keenya ABO diinatti gurguratee ofiif mana ho'aa keessa taa'uun qabsoo kee butee sochii alaga fi dhaaba nafxanyaa CUDtti hidhuun qabsoon kee akka galii isaa hin geenye gufachiisuuf tattaafataa jira.

Kanaaf jecha murni Asmaraa qubatee jiru kun ABO dhugaa akka hin taane beektee of eeggannoon soso'uu qabda. Addi Bilisummaa Oromoo (ABOn) jarreen kana kaayyootti deebisuuf tattaafatee erga ijibbaatee booda Kora Hatattamaa geggeeffatee hoggana dhaabaa haaraa filuun ABO badii irraa dandamachiisuu danda'ee jira. Kun ibsamuun kan barbaachiseef, gantoonni yeroo kamuu si dogoggoorsuuf tellaatti akka hindeebine hubachuun warra afaaniin bilisummaa jechaa imimaan naachaa lolaasan, garuu hojiin ammoo qabsoo kee awwaalaa jiran irraa akka of tiksituuf.

Maayyii irratti, qabsoon jaallan keenya lubbuun dagaagsan fuuldureen isaa ifaa dha. Qabsoo gootni kumaan itti-wareegamee fi warregamaa jiru kana bilisummaan gonfachiisuuf akkuma kaleessaa har'as kutannoon haa qabsoofnu. Kessaahuu dhalootnii haaraan ittigaafatamma isaa akka ba'u yaadachiifna. Dhaabni keenyaas haala barbaachisaa ta'een hanga bilisummaatti qabsaawuf kutannoo keenya guyyaa seena qabeessa kana irratti deebifnee kan haaromsinu ta'uu ummata Oromoof mirkaneessuu feena.

Oromiyaan Ni Bilisomti!

Koree Hojii Geggeesituu ABO